homes victoria

50 Lonsdale Street,
Melbourne Victoria 3000
Bilbila: 1300 650 172
GPO Box 4057, Melbourne Victoria 3001
DX 210081

Namoota manicha keessa jiraattaniif

**LABSII HARA'AA IRRATTI LBSII BARBAACHISAA**

Homes Victoria kan Ijaarsa Menneen Gudguddaa waan har'a, Fulbaana (September) 20 bara 2024, labsame waa'ee irra deebi'anii ijaaruu manneen ummataa naannoo keetii odeessa siif kennuuf sitti barreessine.

Manneen Gudguddaa deebisanii ijaaruu tarkaanfii Mootummaan Victoria itti aansee fudhataa jiru kan manneen ummataa ol dhedheeroo dulloomoo tahan gandeen nannoo Melbourne keessaa haaressaa jira.

## Har'a maaltu labsame?

Har'a quba si qabaachisuuf, jiraatota gandeen itti aananii jiran keessa jiraatan karoora kan bakka birootti dabarsamuu dhihootti eegaluu fi Guraandhala bara 2026 dura xumuramu

- 259 Malvern Road, South Yarra
- 139 Highett Street, Richmond
- 111, 119 fi 127 Elizabeth Street, Richmond
- 6 fi 8 Anderson Court, Richmond
- 1-5, 7 fi 9 Williams Court, Richmond.

## Guyyaan xumuraa kan bakka biroo qubsiisuu Flemington fi North Melbourne labsamee jira

Akkasumas jiraatota manneen itti aananii jiran keessa jiran kan bakka birootti dabarsamuun dhuma bara 2023 keessa eegale kan Fulbaana (September) 2025 dura xumuramu:

- 120 Racecourse Road, Flemington
- 12 Holland Court, Flemington
- 33 Alfred Street, North Melbourne.

Oromo | Afaan Oromoo

VICTORIA State Government

## Manneen ol-dhedheeroo keessa kan jiraatan Adoolessa (July) bara 2026 dura jalqabamu jiru eegnu hin jiru.

Adoolessa (July) 2026 dura manneen ol dhedheeroo keessa kan jiraatan bakka biroo qubsiisuun ni labsama jedhnee hin eegnu. Kan bakka biroo si qubsiisuu akkuma mana kee haarayaa odeessa isaa arganneen si beeksisna.

## Kun siif maal jechuu dha?

Manni kee manneen ol dhedheeroo deebisamanii ijaaraman keessa yoo hin jiraanne illee akkuma sagantaan kun guddataa deemeen jijjiiramni olloota kee keessatti tatta'aa adeemuu hubachuu dandeessa.

## Waa'ee sagantaa kan deebisanii ijaaruu

Ijaarsi Manneen Gudguddaa tarkaanfii itti aanee fudhatamu kan manneen ummataa ol dhedheeroo dulloomoo gandeen 44  Melbourne keessatti argaman  manneen haarayaa fi baay'inaan ijaaruu taha.

Manneen ol dhedheeroon dulloomoon manneen sadarkaa ammaayyee (modern), bareedoo, saphlaatti dhimmi itti bahamuu fi humna ibsaa qusatu ijaaruu dha. Manneen ol dhedheeroon dulloomoon akka jiraatotaaf tolutti yero yerootti suphuu rakkisaa waan tahee fi Victoria keessatti manneen fuulduraaf hedduminaan barbaachisan argachuuf rakkisaa waan taheef irra deebi'anii jiraaruun barbaachisaa tahee jira. Manneen kana deebisanii ijaaruudhaan, jiraatotni manneen nageenya qabuuf, kan isaaniif mijjatu fi fedhii isaanii ammaa fi egeree guutu akka argatan taasisna.

## Akkamiin odeessa argatuu akka itti fuftu

Labsiin kun kallattiin siin hin ilaalu yoo tahe illee sagantaa deebisanii ijaaruu kana odeessa isaa yero yeroott argatuuf fi caalaatti waa'ee isaa akka bartuuf si jajjabeessina.

Odeeffannoo caalu bakka irraa argattu mar-sariitee keenya bighousingbuild.homes.vic.gov.au ilaaluu dandeessa Akkasumas odeessa haaraa yero yerootti argatuuf nu waliin dubbatuu dandeessa.

Yoo gaaffii qabaatte ykn odeeffannoo caalu barbaadde, sararaa interneetaa irraan nu dhaqabuu, bilbila irraan nu qunnamuu ykn waajjira naannoo kee jiru deemtee gaafachuu dandeessa. Jiraatota manneen ummataa keessa jiran odeessa dhaqabsiisuu itti fufna, manneen jireenyaa gaarii ijaaraa yeroo jiruttis waliin irratti hojjachuu irratti wal tumsina.

Nagaa waliin

**Dannii de Kretser**

*Yeroof Itti-mataa (Interim CEO),*
*Homes Victoria*